# Dhaqna qabaa dubartootaa (Kittaannaa) fi seera Australia

the women's
the royal women's hospital

## Dhaqna qabaan dubartootaa, ykn ’kittaannaan dubartoota’ Awusturaaliyaa keessatti seeraan dhoorgama.

### Dhaqna qabaan dubartii maali?

Dhaqna qabaan dubartootaa, kan kittaannaa jedhamuunis waamamu, gocha aadaan gaggeeffamuu dha Naannoo qaama saalaa alaa, labia fi clitoris jedhamu muruun kan godhamuu dha Faayidaan fayyaa qabu hin jiru, inumaayyuu fayyaa saalaa fi walhormaataa namaa miidhuu danda'a.

### Gocha kana ilaalchisee seerri  maal jedha?

Dhaqna qabaa dubartii nama kamirrattiyyuu raawwachuun seeraan ala.

Gochoonni armaan gadii sababa fayyaatiif doktoraan yoo raawwataman malee seeraan ala:

- kutaa qaama saalaa dubartii kamiyyuu baasuun ykn muruun (excision), clitoris fi labia dabalatee
- naannoo qaama saalaa walitti hodhuu (infibulation) .
- gocha qaama saalaa dhiphisuu ykn cufuu kamiyyuu
- qinxirii ykn qaama qinxirii  muruu(clitoridectomy).
- naannoo qaama saalaa miidhuu ykn muruu.

Victoria keessattis seeraan ala:

- nama tokko Australia keessatti bakka kamittuu ykn gara biyya biraatti dhaqna qabaa dubartiitiif fudhanii deemuun
- dhaqna qabaa dubartii akka raawwatu nama gargaaruun
- nama dhaqna qabaa dubartii raawwatu soquun

**Adeemsi akka raawwatamuuf namni suni waliigalteef hayyamamaa ta'us, ykn warri isaa hayyama yoo kennan illee, seeraan ala.**

### Namni seera yoo cabse maaltu ta'a?

Namni tokko seera cabsaa jira yoo kan:

- hojimaata kana raawwate
- dhaqna qabaa dubartii akka raawwatu nama gargaare
- nama dhaqna qabaa dubartii raawwatu yoo soqe

Victoria keessatti adabbiin kun hidhaa hanga waggaa 15 ta'uu danda'a.

### Hojiin baqaqsanii hodhuu kamiyyuu ni hayyamamaa?

Haala tokko tokko keessatti qaama saalaa dubartootaa irratti baqaqsanii hodhuun ni hayyamama. Doktarri fayyaa ykn deessiftuu adeemsa kana raawwachuu kan dandeessu yeroo:

- hojimaanni kun sababa fayyaatiin yoo barbaachise
- yeroo dahumsaa ykn battaluma erga dhalatanii booda barbaachisaa yoo ta'e

Doktarri fayyaa qaama saalaa dubartootaa irrattis baqaqsanii hodhuu saala mirkaneessuu yoo ta'e hojjechuu danda'a.

### Namni tokko erga da’ee booda ykn adeemsa fayyaa dubartootaa kan biraa booda deebi’amee hodhamuu (deebi’ee infibulated)danda’aa?

Lakki, sababa fayyaaf hin taaneef qaama saalaa irra debi'anii dhiphisuun ykn cufuun  hin hayyamamu.

Haa ta’u malee,  da’umsa booda baqaqaan yookiin muraan yoo jiraate kirriin hodhaan barbaachisuu danda’a. Kunis da’umsa booda yeroo muraasa booda haakiima fayyaa ykn deessiftuun raawwatama.

## Dhaqna qabaa dubartii (muruu aadaa) daa’ima tokko irratti eenyutu aanga’ootaaf gabaasa?

Victoria keessatti dhaqna qabaan dubartootaa seeraan alaa yoo ta’u, daa’ima umuriin isaa waggaa 18 gadi ta’e irratti yoo raawwatame akka miidhaa daa’imaa irratti raawwatuutti ilaalama.

Kana jechuun namoonni daa’imman waliin hojjetan, kan akka hakiimota, narsoota, deessiftoota, barsiisonni, hojjettoota kunuunsa daa’immanii, fi poolisii, daa’imni tokko dhaqna qabamuu isaa yoo shakkan Kutaa Fayyaa (Department of Health) fi Tajaajila Namaa (Human Services) beeksisuu qabu.

Haa ta’u malee, namni kamiyyuu Kutaa Fayyaa fi Tajaajila Namaatiif gabaasa dhiyeessu danda’a.

## Odeeffannoo dabalataaf

Hojjettoonni Sagantaa Barnoota Mirga Maatii fi Walhormaataa (FARREP) kan Dubartootaa Isniina hanga Jimaataatti, ganama sa’aatii 9 hanga galgala sa’aatii 5tti ni argamu.

T: (03) 8345 3058
E: farrep.program@thewomens.org.au
F: (03) 8345 3053

Yookiin hojjetaa FARREP buufata fayyaa hawaasaa naannoo keessanii qunnamaa.

Odeeffannoo dabalataaf marsariitii keenya barbaadaa: http://www.thewomens.org.au/health-information

## Sutata Afaanii

በርስዎ ቋንቋ መረጃ ለማግኘት በድረገጻችን ላይ ይጎብኙ
للحصول على المعلومات بلغتكم زوروا موقعنا الإلكتروني
用您說的語言瞭解詳情，請瀏覽我們的網站
Για πληροφορίες στη γλώσσα σας επισκεφθείτε την ιστοσελίδα μας
अपनी भाषा में जानकारी प्राप्त करने के लिए हमारी वेबसाइट पर जाइए
Per informazioni nella vostra lingua visitate il nostro sito web
Macluumaad intaas ka badan oo af Somali ah booqo websaytkayaga
Kendi dilinizde bilgi almak için web sitemizi ziyaret edin
Để biết thông tin bằng ngôn ngữ của quý vị, hãy truy cập trang mạng của chúng tôi

## Nama afaan hiiku ni barbaaddaa?

Interpreter

Yoo afaan hiikaa barbaadde gaafachuu dandeessa.

## Deeggarsa Jeequmsa Maatii

**1800 Sarara Gargaarsa Biyyaalessaa Kabaja (Respect National Helpline)**

miidhaan saalaa, jeequmsa maatii ykn maatii tumuu fi miidhaan doorsisaa si mudate gargaarsa argachuu dandeessa.
Guyyaas ta'e halkan sa'aatii barbaaddanitti bilbiluu dandeessu.
1800 737 732 (24-hour support service)
1800respect.org.au

## Seerota

### Seera Victooriyaa

- Crimes Act 1958 (Vic) s32 – 34A
- Children, Youth and Families Act 2005 (Vic) s162, s163, s182, s184

### Seerota Naannoo fi Naannoo Awustiraaliyaa biroo

- Crimes Act 1900 (ACT) s73-s77
- Crimes Act 1900 (NSW) s. 45, s45A
- Criminal Code Act (NT) Division 4A
- Criminal Code Act 1899 (Qld) 323A, 323B
- Criminal Law Consolidation Act 1935 (SA) Division 8
- Criminal Code Act 1924 (Tas) s178A
- Criminal Code Act Compilation Act 1913 (WA) s306

**Itti gaafatamummaa:** Waraqaan kuni odeeffannoo waliigalaa qofa kenna. Waa’ee fedhii kunuunsa fayyaa dhuunfaa keessaniitiif, ogeessa fayyaa keessan irraa gorsa fudhadhaa. Hospitaalli Dubartoota (Royal Women’s Hospital )ogeessa fayyaa arguu dhiisanii waraqaa odeeffannoo kana irratti hirkatanii jiraachuu keessaniin kasaaraa ykn miidhaa uumamuuf itti gaafatamummaa hin fudhatu. Yoo yaala fayyaa hatattamaa barbaaddan, maaloo kutaa balaa tasaa (Emergency) isinitti dhihoo jiru qunnamaa.© The Royal Women’s Hospital 2025